# Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraa akka hin jirre, Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu isaanii hanga ragaa bahanii, salaata dhaabanii, zakaa kennanitti ani namoota mushrika ta'aniin lolutti ajajameera

Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraa akka hin jirre, Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu isaanii hanga ragaa bahanii, salaata dhaabanii, zakaa kennanitti ani namoota mushrika ta'aniin lolutti ajajameera, yoo san hojjatan haqa islaamummaatiin malee dhiiga isaanitii fi qabeenya isaanii narraa tikfatan, herregni keessa isaanii Rabbiin bira jira".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- mushrikootan lolutti Rabbiin akka isaan ajaje himan, hanga isaan Rabbii tokkicha shariika hin qabne malee dhugaan gabbaramaan hin jiruu fi Muhammadiif -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- ergaan ragaa bahanii, halkanii fi guyyaa keessatti salaata shanan irratti eeggachuu fi zakaa dirqamaa warra isii haqa godhataniif kennuu irraa waan ragaan kun barbaadu irratti hanga hojjatanitti. Wantoota kanneen yoo raawwatan Islaamummaan dhiiga isaanii fi qabeenya isaanii ni tiksa; kanaafuu isaan ajjeesuun hin hayyamumu, yoo yakka ykn badii cimaa akka seera islaamummaatti isa irratti ajjeefamuu haqa godhatan raawwatan malee, eegasii guyyaa qiyaamaatti Rabbii ol ta'e kan iccitii isaanii beekuutu isaan qorata.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee